**Ayyaanaa Guyyaa Yaadannoo Gootaa Kan bara 2011**

Guyyaan Gootota Oromoo Kutaa Isakaandinaaviyaatti haala ho’aan kabajame. Kabajni Guyyaa Gootootaa kun gaafa Ebla 16 bakka ummatni Oromoo Iskaandinaaviyaa jechuunis miseensota fi deggertootni hundi jirantti jalqabame. Innis yaaddannoo Goottota Oromummaa fi Oromiyaaf falmuu irratti darbaniin kan eegalame yeroo tau achumaan faaruun Alaabaa itti fufe. Sana booda J/Mohaammad Ahmad I/G ABO kutaa Iskaandinaaviyaa hirmaattootaaf simannaa godhanii wal-gahichi itti fufe. Guyyaa yaaddannoo kana irratti Oromootni lakkoofsa hedduun kan argaman yeroo ta‘u J/Dr. Shuggux Galataa MGS ABO fi Gaafatamaa Diplomaasii Awurooppaa, J/Dhogoomsaa Dhugaasaa MGS gadaa darbee, J/Leencoo Lataa I/HD ABO duraanii fi keessumootni kan biroonis argamanii jiu.

J/Dr. Shuggux ibsa ummataaf kennan keessatti jiruu fi jireenya ummata Oromoo yeroo ammaa keessa jiu bal’inaan ibsanii mootummaan wayyaanee haalicha daran itti cimsuuf tooftaalee garaa garaa tti akka maayii ba’u ibsaniiru. Fakkeenyaaf waraana ykn tika isaa amma ganda keessatti diriirfachuun, maallaqatti maayii ba’ee ummata biyya alaa jiraatu sossobuu fi goyyoomsuun, ummattoota gidduutti dhibdeelee uumuun ummatni akka walitti bu’u gochuun, goolessitootaan sababeeffatee biyyoota dhihaa afaan faajjessuun ciminaan hojjechaa akka jiru ibsaniiru.

Gama biraatiin sochiin mootummaa waayyaanne dura dhaabbachuu bifa hundaan deema jiraachuu ibsaniiru. Sochiin kunis biyya ambaatti jaarmolee habashaa waliin amma tokko deemaa kan jiru yeroo ta'u irra caalaa biyya keessatti diddaan gabrummaa cimnaan itti fufee akka jiru ibsan. Itti fufuudhaan ABOn haalota jiran irratti hundaa'uudhaan jarmayaa cimsatee QBO finiinsuun murteessaa akka ta'e dubbataniiru. Kanaafis ummatni Oromoo qophii ta'uu fi ABO cinaa dhabbachuun barbaachisaa akka ta'e ibsan. ABOn rakkolee keessaa qulqulleeffachuun mooraa QBO cimsuun barbaachisaa ta'uutti amanuun yaalii araaraa mooraa QBO tokkoomsuu waggoota lamaan darbaniif geggeessaa ture yeroo ammaatti koree jijjiiramaa waliin araarri gara xumuraatti deemaa kan jiru waan ta'eef ummatni illee kana hubatee raawwii isaaf ABO cinaa akka dhaabbatuuf waamicha godhaniiru.
Hojii diplomaasii ilaalchisee dhibdeelee impaayerattii keessa jiruuf furmaata barbaaduuf sochii godhamu keessatti dhimmi Oromoo ifatti akka mul'atu gochuuf carraaqqiin amma ammaatti godhamaa ture daran itti cimuu akka qabu hubachiisan.
Walumaa gala QBO fiixaan baasuuf jabaannee argamuun murteessaa ta'uu hubachiisanii kanaafis kufaatii fi rakkoolee keessa jirru fooyyeffannee irra aanuun akka ummataatti jabaannee argamuun murteessaa ta'uu ibsaniiru. Kana fiixaan baasuufis caasaa ABOtti miseensomuu fi ijaarsa haawaasa oromoo cimsuun qaawwa argame hunda keessa harka oromummaa galfachuun jabaannee akka hojjennu ummataaf waamicha dhiheessaniiru.

Itti fufuudhaan J/Dhugoomsaa Dhugaasaa Guyyaa Gootootaa yaadannee dabarsuu qofaa utuu hin taane dhaamsaa isaanii yaadannee fakkeenyas godhachuudhaan har'a qabsicha fuul-duratti deemsisuuf akka ta'e hubannee

jabaannee hojjechuu akka qabnu dubbataniiru. Kanaafis QBOtti akkamitti firii goona rakkooleen takaalanii qaban woo maal faa ti kan jedhu ilaaluun laafinaa fi dadhabina qabnu jabeeffannee, gandaa fi lagaan wal-qooduu dhiisuudhaan oromummaa irratti hundoofnee akeeka ABOn moora QBO cimsuuf hojjechaa jiru galmaan ga'uu irratti haa bobbaanu jedhaniiru. Waa'ee araaraa ilaalchisees ummatni keenya tasgabbaa'uu akka qabu fi miseensotni ABO ummata tasgabbeessuu irratti akka hojjetan ibsaniiru.

Itti fufuudhaan abootiin amantii QBO fi amantiin bakka itti wal-faallessu waan hin qabneef mirga ofiif falmachuu kan dhorku akka hin jirre bal'inaan hubachiisanii jabaannee QBO cimsuu qabna jedhaniiru.

J/Leencoo Lataa gama isaaniin mooraa QBO cimsuuf yaaliin araaraa koree jijjiiramaa waliin geggeeffamaa ture gara xumuraatti deemaa akka jiruu fi araarrichi warra hafan waliinis irratti hojjetamuu akka qabu eeraniiru. Laafina jirru keessaa baanee jabaannee humna taanee argamuuf aadaa dimookrasii jabaa qabaachuun akka barbaachisu dubbatanii dhimmoota hawaasaa fi ummata oromoo walitti buusan irraa of-qusachuu akka qabnu dubbataniiru. Sochii warraaqsaa kaaba Afrikaatti geggeeffamaa jiru iulaalchisees maddi rakinichaa rakkoo dinagdee bara 2008 jalqabe waliin kan wal qabatu ta'uu fi nutis yoo jabaanne hojjenne haala kanatti maayii ba'uu akka dandeenyu dubbataniiru.
Dr. Trevor Trueman gama isaaniin ukkaamsaa fi dararama baqattoota oromoo mooraalee keeniyaa keessa jiran irratti raawwatamaa jiru bal'inaan ibsaniiru.

Wal-gahii booddee galgalli aadaa artistoota oromoo bebbeekamoon halkan guutuu ummata boharsaa turaniiru.

Itti fufuudhaan gaafa Ebla 17 wal-gahiin miseensotaa itti fufee ooleera. Wal-gahii kana irratti J/Dr. Shuggux haaloota ciccimoo nu fuul-dura jiraniif miseensotni of-qopheessuuf jarmayaa sirnaa qabaachuun daran murteessaa akka ta'e dubbatan. Kanaafis jarmayaa dhaabaa fi jarmayaa hawaasaa cimsuu irratti ciminaan hojjetamuu akka qabamu dubbataniiru. J/Dhugoomsaa Dhugaasaa haallan jajjaboo nu fuul-dura jiraniif keessumaa nut miseensotni irbuu seenne eeguudhaan dirqamoota jajjaboo nu eeggatan akkamiin raawwanna dimma jedhu irratti jabaannee hojjennee ummata oromoos hojjechiisuu akka qabnu dubbatan.

Waa'ee ijaarsa hawaasaa fi jaarmiyaa, akkasumas dhimma sochii dinagdee ilaalchisee, J/Gannatii Dheeressaa, J/Caalchisaa Waamii fi J/Huseen Ahmed walduraa duubaan yaada kennuun jaarmiyaa keenyaa karaa siyaasaa, jaarmiyaa fi dinagdee cimsuuf miseensaa fi hawaasni gamtaan waliin hojjechuu akka qabu hubachiisan. Dhuma irrattis yaadota armaan olitti dhihaatan ilaalchisee mana keessaa yaadaa fi gaaffiin adda addaa dhihaatee erga marin bal'aa godhamee booda walubannoo irra gahuun ibsa ejjennaa armaan gadii kana dabarfachuun guyyaan yaadonnoo gootota oromoo kun milkii fi injifannoon xumuramee jira.

**Murtii fi ibsa ejjennoo**

1. Yeroo ammaa kana ummata keenya qotee bultoota, hojjettoota, daldaltootaa fi baratoota oromoo irratti duula hidhaa fi ajjeechaa guddaan godhamaa jira. Gochaa kana haalaan balaaleffachaa, hojii yakkamaa kana akka dhaabanis gaafanna.

2. Yeroo amma qabsoon diddaa fincila gabrummaa karaa adda addaa deemaa waan jirtuuf qabsicha fiixaan baasuuf karaa barbaachisaa ta'e deeggaruu fi tumsa adda addaas horachuuf waan nuuf danda'ame hunda ni goona.

3. Gaachana qabsoo bilisummaa oromoo kan ta'e WBOn yeroo ammaatti diinotaa fi ergamtoota diinaa irratti haala adda addaatiin tarkaafiilee fi injifannoo boonsaa fudhachaa jira. Kunis cimee akka itti fufuuf gargaarsa nurraa barbaadamu gama hundaan gochuuf waadaa keenya haaromsina.

4. Mootummaan wayyaanee maqaa investment jedhamuun ummata keenya lafa isaa irraa buqqisee jiruu fi jireenya gadadoo fi kadhaa keessa galchuun toftaan lafarraa fixuutti waan jiruuf gochaa kana ni balaaleffanna.

5. Mooraa qabsoo bilisummaa oromoo cimsuu fi jabeessuuf tattaaffii dhaabni keenya godhu ni deggerra.

Injifannoon Ummata Oromoof

Kutaa ABO Iskaandinaaviyaa
Ebla 2011